KANTAR

**Kantar South Africa**

**MATEENYA & IMAAMMATA KUUSA-YAADANNOO (PRIVACY & COOKIE POLICY) QORANNOOWWANII**
(“IMAAMMATA”)
Kan haaromfame: Bitootessa 2022

**Seensa**

Qoraannoowwan kunneen Kantar South Africa (Pty) ittigaafatamni isaa murtaa’eni gaggeefamani.

Nuti maamiltoota bakka buunee qo’annoo gabaa gaggeessina haata’u malee, yeroo baay’ee ittigaafatamummaa kan fudhatu garee maamila (akkasumas to’ataa daataa jedhamu danda’u) fi nuti immoo akka oppereetariitti (xiinxalaa daataa jedhamus danda’a) hojjenna.

Imaammata mateenyaa kana sirriitti akka dubbistan gaafanna.

Kaayyoo imaammata kanaaf, ‘odeeffannoo dhuunfaa’ jechuun odeeffannoo nama dhuunfaa tokko yookiin kubbaaniyaa wajjin walqabatuu fi ittiin adda ba’u jechuudha (bakka hojiirra oolutti)

**Karaa seeraan sassaabuu fi fayyadamuu**

Imaammanni kun wayiita toora irraan, poostaan yookiin bilbilaan qorannoo irratti hirmaattan, odeeffannoo dhuunfaa isin kennitan akkaataa itti sassaabnu, kuusnu fi itti fayyadamnu ibsa.

Wayiita qorannoowwan gaggeessinu, af-gaaffiin kan godhan/affeerraawwan/waltajjiiwwan fi gaaffileen gaafataman kaayyoo quunnamtii keenyaa fi yoo barbaachise kaayyoo nuti odeeffannoo dhuunfaa keessan itti sassabnu ifatti adda baasuun ni ibsu. Gaaffilee kamiyyuu deebisuu dhiisuu yookiin yeroo feetan qorannoo irratti hirmaachuu dhaabuu dandeessu.

Walumaagalatti, wayiita qaamaan, bilbilaan, imeeliin yookiin poostaan isin qunnamnu, kaayyoowwan itti aanan keessaa tokkoof:

| **Dhimma** | **Kaayyoo** | **Daataa funaaname/xiinxalame** | **Bu’uura seeraa** |
|---|---|---|---|
| Akka qorannoowwan keenya keessatti hirmaattaniif isin affeeruu | Qorannoowwan keenya keessatti carraa hirmaannaa saamuda bakka bu’oota dhuunfaa kennuuf | Lakkoofsa bilbilame (tartiiba malee kan bilbilame), teessoo poostaa, teessoo imeelii. | Fedhii seeraan yookiin heeyyama (akka barbaachisummaa isaatti)<br><br>Qorannoowwan keenya keessatti bakka bu’oonni saamuda dhuunfaa hirmaachuu akka danda’an affeeruu fi qunnamuuf fedhii seeraan ni qabna.<br><br>Kantar yookiin maamilli isaa qorannoo irratti akka hirmaattan isin affeeruufi qunnamuuf heeyyama keessan qabaachuu qabu. |
| Qorannoowwann | Waa’ee oomishaalee fi tajaajiloota tokko tokko ilaalcha qabdan yookiin haalota gara garaa keessatti amala keessan beekuuf.<br>Deebiiwwan mirkaneessuuf, qorannoo dhiyeenya gaggeessine irratti kan kennitan.<br>Hirmaannaa hoogganuuf fkn. badhaasawwan, onnachiistuu, haal-duree kkf.<br>Irra-deebiin hirmaattota qunnamuuf fkn. qorannoowwan itti fufanii jiran fi itti aanan. | Mallattoo addaa, quunnamtii bal’inaan, teessoo imeelii, sagalee, suuraa, yaada | Wayiita qorannoo keessatti fedhii hirmaannaa fi odeeffannoo dhuunfaa keessan fayyadamuuf heeyyama gaafannu. |

| | | | |
|---|---|---|---|
| Gowwomsaa Ittisa | Fedhiiwwan biizinesii keenya amaloota gowwomsaa irraa ittisuu | Teessoo IP, ibsoota bal'aa browser, ibsoota bal'aa meeshaa, teessoowwan poostaa, teessoowwan imeelii | Fedhiiwwan seeraa qabessa -- Fedhii seeraa gowwomsaa yookiin amaloota dhorkaman biroo irraa ittisuuf fedhii seeraa qabeessa ni qabna. |
| Qorannoo Hirmaannaa Addummaa | qorannoo keessatti galteewwan dhuunfaa walfakkaataan baay'inaan galchuu dhorkuu | Teessoo IP, ibsoota bal'aa browser, ibsoota bal'aa meeshaa | Fedhiiwwan seeraa qabessa -- Fedhii seeraa qabeessa iyyaatii keessatti galteewwan dhuunfaa walfakkaataan baay'inaan galchuu dhorkuu ni qabna. |
| Daataa walitti firoomsuu fi gabbisuu | Odeeffannoo dhuunfaa keessan maddoota odeeffannoo biroo fi qaamolee sadaffaa bulchiinsa daataa irratti xiyyeeffannoo addaa kennan wajjin daataa dhiyeessuuf qabanne walitti firoomsuun ni gabbifna. | Mallattoo addaa, Teessoo bal'inaan, Itti-seensa hawaasaa, Kuusa-yaadannoo, ID mobaayilii | Wayiita qorannoo keessatti fedhii hirmaannaa fi odeeffannoo dhuunfaa keessan fayyadamuuf heeyyama gaafannu. |
| Qorannoo filani-bahuu bilbilaa to'achuu | Wayiita namni dhuunfaan tokko lammataa akka hin bilbilamneef gaafatan, kana gochuuf bal'inaan ni qabanna. | Maqaa fi Lakkoofsa bilbilaa | Fedhiiwwan seeraa – gaaffii nama dhuunfaa raawwachuuf odeeffannicha tursiisuuf fedhii seeraan qabna. |

Nuti ofii keenya yookiin wanta hojjennu tasuma dogoggorran bakka hin busnuu. Yoo imeeliin isiniif ergame, Nuyi biraa akka ta'e tilmaamuun, maaloo 'Akkaataa itti nu qunnamatan' itti aanee jiruun nu beeksisaa

Bilbilaan, poostaan, fuula-fuulaan yookiin toora irraan qorannoo godhame irratti akka hirmaattaniif isin qunnamneerra.

- Tartiiba malee balbala keessan rukutuun
- Dijiitii bilibilaa tartiiba malee (RDD) fayyadamuun lakkoosa keessanitti bilbiluun
- Maamila qorannoo goonuuf irraa odeeffannoo dabalataa teessoo keessan, yookiin kan biratti galmooftan, oomishaalee yookiin tajaajiloota fudhattan yookiin walumaagalatti kan walqabatan
- Dhiyeessaa saamudaa irraa saamuda bituu
- Maddoota banaa argaman irraa odeeffannoo keessan argachuu
- Odeeffannoo teessoo keessan qaama qacarriif isin quunnamanii turan irraa fudhachuun
- Yookiin qorannoo biraa irratti hirmaachuuf irra-deebiin akka isin qunnaman yoo dursitanii waliigaltanii jirtu ta'e

**Qaamolee sadaffaa fi daddabarsa daataa daangaa irraan:**

Kaayyoowwan gubbaatti ibsamaniif odeeffannoo dhuunfaa keessan sassabuu fi itti fayyadamuu irraan kan hafe qaama sadaffaa biroof hin qoodnu yookiin hin gurgurru, yoo seeraan gaafatame yookiin waliigaltanii jirtu ta'e malee.

Odeeffannoon dhuunfaa keessan kubbaaniyaalee obbolaa garee Kontar keessa jiraniin sassaabamuu, kuufamuu, daddabarfamuu yookiin xiinxalamuu ni danda'a yoookiin qaamolee 3[ffaa] tajaajila dhiyeessan kaayyoolee qorannoon walqabatan, kan akka ragaa qindeessuu fi kenna badhaasaa yookiin onnachiiftuuwwan biroo biyya jiraattan fi alatti guutuuf. Paartiileen hundumtuu odeeffannoo sassaaban fi nuf qoodan yookiin kan nuti sassaabnu fi isaaniif qoodnu kamiyyuu iciitiin qabuu fi sadarkaa ittisa akkasumas bartee kan keenyaan walqixa taa'een dirqama eeguu qabu. Yoo odeeffannoon dhuunfaa keessan daangaa biyya jiraattaniin ala bahee dabarfame, kuufame yookiin hojiirra oole (akka barbaachisummaa isaatti) fi yoo sadarkaan ittisa odeeffannoo dhuunfaa daangichaa keessatti gahaa hin taane, eegumsa seeraa barbaachisu ni kennina. Fakkeenyaaf, keewwata waliigaltee idilee mirkanaa'an fi abbootii aangoo ilaallatu, dambiiwwan dirqisiisan yookiin qaamolee adeemsa garee biroo raawwatan wajjin ta'uun, odeeffannoo dhuunfaa keessan dabarsuuf heeyyama keessan arganne, yommuu daddabarsichi raawwii waliigaltee qabnuuf barbaachise yookiin isin

bakka buune waliigaltee goone, yookiin daddabarsichi oliyyaannoo seeraa hundeessuu, hojiirra oolchuu fi ittisuuf barbaachise.

**Iciitii, ittisa fi ulaagaalee industirii:**

Odeeffannoo dhuunfaa keessan eeguuf tarkaanfiilee teekinoolooji fi dhaabbataa barbaachisan ni qabna akkasumas haalli ittisa godhamuu haala amansiisaan raawwachuu isaa mirkaneessuuf tarkaanfiilee barbaachisan ni fudhatamu. Odeeffannoon kennitan martinuu sarvaroota fi naannoo ittisa amansiisaa qabanitti kuufaman. Haata'u malee, daddabarsi daataa kamiyyuu ittisni isaa 100% amansiisaa miti. Kanaafuu, wayiita odeeffannoo dhuunfaa keessan eeguuf dhamaanutti, ittisa odeeffannoo isin nuyiif yookiin toora irraan oomishaalee yookiin tajaajilootaaf dabarsitan mirkaneessuu hin dandeenyu fi kunis murtoo keessaniin kan raawwattan ta'a. Daddabarsi keessan akkuma nu gaheen, ittisa siisteemii keenya amansiisaa gochuuf tarkaanfiilee barbaachisan ni fudhanna.

Kontiraakteroonni qaama sadaffaa, dhiyeessitoonni tajaajaila buufataa fi hojjettoonni hundumtuu, dirqama imaammataa fi duraa duuba iciitii, ittisaa fi mateenyaan waqabate hordofuu qabu.

Ulaagaalee industirii itti aananii jiran ni kabajna:

- GDPR, Labsii Eegumsa Daataa UK 2018, Labsii Eegumsa Odeeffannoo Dhuunfaa 4, 2013, seerota naannoo eegumsa daataa ilaallatan fi seerota itti aananii yeroo yerootti fooyya'uu danda'an kamiyyuu
- Namuusa ogummaa MRS fi ESOMAR hordofna

Deebiiwwan isin qorannoo keessatti kennitan deebii hirmaattota birootiin kennaman wajjin qindeessinee maamila qo'annichi akka godhamu gaafateef ni gabaasna, yoo ulaagaalee tokko yookiin isa ol ta'an hin guutamiin hafan malee.

Odeeffannoo dhuunfaa yookiin deebii qorannoo keessanii haalonni addaatti nuti qaamolee sadaffaaf ifa goonu akka itti aanu

- Kaayyoo murtaa'eef odeeffannoo dhuunfaa keessan fi deebiiwwan dhuunfaa qaama sadaffaaf akka qoodnu yoo gaafattan yookiin heeyyamtan.
- Yommuu deebiiwwan keessan qaama sadaffaa iciitii odeeffannicha eeguu fi qorannoo yookiin kaayyoo istaatiksii qofaaf fayyadamu isaa waliigalteen daangeffame ta'e.

**Kuusa-yaadannoo ifoomsuu (hirmaattoota qorannoo toora irraa qofaaf):**

Kuusa-yaadannoowwanii jechuun faayila barrreeffama xixiqqoo kompuutera yookiin meeshaa keessan irratti marsariin kuufaman lakkoofsa ID fayyadamaa kennanii fi odeeffannoo muraasa iyyaatii toora irraa gootan kuusanidha. Divilooperoonni marsariichaa fayyadamtoonni isaanii marsariiwwan sirriitti sakatta'uu fi hojiilee murtaa'an hojjechisiisuuf itti fayyadamu. Marsarichi odeeffannoo gara browser'tti erguudhaan faayila barreeffamaa ni uuma. Hammuma fayyadamaan gara marsarii walfakkaataatti deebi'u, browser'n faayila kana walitti qabee gara sarvarii marsarichaatti ni erga.

Toora qorannoo idilee mana keessaa irrratti kuusa-yaadannoowwanii hin fayyadamnu. Wayiita kuusa-yaadannoowwanii waltajjii deeggaraa irratti barbaachisanitti, yaadachiisa/imaammata mateenya waltajjii irratti ni beeksifama.

Qorannoo hordoffii amalaatiif, kuusa-yaadannnoowwan filataman/appilikeeshinii sooftiweerii fayyadamna, garuu yoo kuusa- yaadannoowwan/appilikeeshinoota kanneeniif heeyyama keessan kennitan qofa.

Akkuma qorannoo toora irraa baay'eef dhugaa ta'e, odeeffannoo tokko tokkoo ofi-ofiin funaan akkasumas faayiloota qorannoo keessatti kuufna. Odeeffannoon kun wantoota akka teessoo IP (IP address), gosa browser, Dhiyeessa Tajaajila Interneetii (ISP), fuula eeruu/ba'umsaa, Operating system fi chaappaa guyyaa/sa'aatii ni dabalata.

Odeeffannoo ofi-ofiin funaaname kana fayadamuun ittifayyadama browser xiinxaluu fi buufata hoogganuu, fkf. Gosa browser irratti hundaa'uun muuxannoo qorannoo gabbisu. Kanamalees, qorannoo kana keessatti hirmaannaa baay'een jiraachuu isaa mirkaneessuuf teessoo IP keessan fayyadamna.

**Sirrummaa:**

Odeeffannoo dhiyoo nuf dhiyaate irratti hundaa'uun odeeffannoon dhuunfaa keessan sirrii, guutuu, wayitaawaa fi qabatamaa akka ta'u gochuuf tarkaanfiiwwan barbaachisan hunda ni fudhanna. Yoo odeeffannoo dhuunfaa keessan haaromsuu feetan, odeeffannoo dabalataa jiran fayyadamuun nu qunnnamaa.

Gaaffilee keenya amanamummaan deebisuun odeeffannoon dhuunfaa keessan sirrii, guutuu fi wayitaawaa akka goonuuf gargaarsa keessan feena, kanamalees odeeffannoo dhuunfaa keessan irratti fooyya'insa godhaman yookiin jijjiirramoota qaamni itti gaafatamu (nuyi yookiin yeroo baay'ee- maamila keenya) akka mirkaneessitan ni ta'a.

**Odeeffannoo daa'immanii sassaabuu:**

Daa'imman umriinsaanii waggaa 18 gadi ta'an, heeyyama malee qorannoo irratti akka hirmaataniif osoo beeknuu gonkuma hin affeerru. Yoo piroojeektii murtaa'an keessatti kallattiin daa'imman umriinsaanii waggaa 18 gadi jiran hirmaachisuun barbaachise, ga'eessota isaan ilaallatu irraa heeyyama argachuuf tarkaanfii barbaachisu ni fudhanna. Odeeffannoo dhuunfaa daa'ima keessanii hin sharafnu.

**Odeeffannoo addaa funaanuu:**

Qorannoo keenya keessatti odeeffannoo dhuunfaa "ramaddii addaa" jalatti ramadaman funaanuuf isin gaafachuu ni dandeenya. Kunis sanyii yookiin gosa, ilaalcha siyaasaa, amantii yookiin ilaacha falaasamaa yookiin miseensummaa waldaa daldalaa, daataa jenetiksii, daataa baayomeetirikii addatti namni ittiin adda baafamu, daataa fayyaa yookiin daataa fayyaa jireenya fi bartee saalaa dhala namaan walqabatan dabalata. Akkuma ibsame yeroo hundumaa daataa kana akka ittifayyadamnu nuyiif kennuu yookiin dhiisuu filachuu dandeessu.

**Mirgoota dhuunfaa:**

Odeeffannoo dhuunfaa nubiraa qabdan argachuuf, gaaffii keessan barreeffamaan karaa teessoo imeelii yookiin poostaa kutaa "Akkaataa nu qunnamtan" jalatti ibsameen galchuu qabdu. Wayiita gaaffii dhiyeessitan, kutaa Kantar gaaffichi ilaallatu (fi, fakkeenya, ID tartiiba paanelii keessan yookiin mallattoo adda ittiin baasan) agarsiisuu qabdu.

Yoo teessoo imeelii yookiin teessoo dabalataa nuti galmeessinee hin qabneen nu qunnamtan, koppii waraqaa eenyummaa sirrii kan mootummaan kenname (heeyyama konkolaachisaa yookiin paaspoortii) dhiyeessuu qabdu.

Odeeffannoo dhuunfaa keessaniin walqabatee mirgoota itti aanan qabdu:

- Mirga yaada keessan jijjiiruu fi heeyyama keessan kaasuu
- Mirga odeeffannoo dhuunfaa keessan argachuu

- Mirga odeeffannoo dhuunfaa keessan sirreessuu
- Mirga odeeffannoo dhuunfaa keessan siistemii keenya irraa haquu, yoo fedhii seeraan odeeffannicha itti fufinsaan ittifayyadamuu hin qabnu ta’e.
- Mirga fe’uu odeeffannoo dhuunfaa keessan (mirga sochoosuu)
- Mirga haala ittifayyadama odeeffannoo dhuunfaa keessan dhorkuu
- Mirga haala ittifayyadama odeeffannoo dhuunfaa keessan mormuu
- Seerota ittisa daataa ilaallatan jalatti mirgoota qabdan kamiyyuu fayyadamuu keessaniif mirga qoodamuu dhabuu

Yoo barbaachise, qaamolee sadaffaa kan akka dhiyeessitoota yookiin tajaajila dhiyeessitoota keenya, odeeffannoo dhuunfaa keessan kan dabarsineef akkaataa gaaffii keessaniin jijjiirama goone ni beeksifnaan. Wayiita qaamolee sadaffaa kanneen wajjin quunnamtii goonu, gaaffii keessan deebisuuf tarkaanfii isaan fudhataniif ittigaafatamaa hin taanu. Qaamolee sadaffaa kanneen kan qabaman, odeeffannoo dhuunfaa keessan argachuu fi sirreessuu, fooyyessuu yookiin yoo dogoggorri qabaate haquu dandeessu.

**Daataa kuusuu fi tursiisuu:**

Odeeffannoon dhuunfaa turtii yeroo itti fayyadama karoorfamee fi seeraan barbaachise qofaaf tura, haala kanaan yoo seeraan hin dirqisiifamiin odeeffannoo dhuunfaa baatii 12 caalaa hin tursinu. Kanaan booda odeeffannoon dhuunfaa hin barbaadamne karaalee amalli iciitii isaanii cabuu hin dandeenye fi mirkanaa’een ni gatamu.

Akka karoora itti fufaa kubbaaniyaa Biizinesii fi waraqaa ragaalee ISO 27001, ISO 9001, ISO 20252 tiin, akkasumas haalota tokko tokkoon seerri, siistemiin elektirooniksii keenya ni haddaarsamu, ni dilbaa’u. Haddaarsi kunneen iddoo to’annoon sirriitti taasifamuuf keessa yeroof olkaa’amaniiru. Yeroon darbinaan, daataan ni haqama, akkasumas guutummaatti daataan haqamuu isaa mirkaneessuuf miidiyaan fiizikaalaa ni barbaada’a.

**Beeksisa jijjiiramuu meeshaa:**

Imaammanni mateenyaa keenya sakatta’insa idilee keessa tursina akkasumas yeroo yeroon fooyya’uu ni danda’a. Marsarii kanarratti yogguu imaammata daran haaromfame qabna. Guyyaa xumuraa imaammanni itti haaromfame ni galmeessina.

Guyyaa uumame: 13/06/2011
Kan haaromfame: 28/09/2021

**Murtoo ofi-ofiin kennuu/adda baasuu:**

Haalota tokko tokko keessatti murtoo ofi-ofiin dabarsuu kennuu yookiin waa’ee keessan beeksisuu ni gaggeessina. Haata’u malee, dhimmoota baay’ee irratti murtiiwwan seeraa waa’ee keessaniif darban irratti hanqina hin fidu. Yoo murtii ofi-ofiin isin irratti darbe kamiyyuu seeraan barbaachise, mirga oliyyaannoo qabdu. Yoo waa’ee kanarratti gaaffiilee kamiyyuu qabdan ta’e, maaloo nu qunnamaa.

**Akkaataa itti nu qunnamtan:**

Yoo akkaataa ittifayyadama odeeffannoo dhuunfaa keessanitti hin gammadiin, sirreessuuf carraa barbaadna. Karaa PrivacyRSA@Kantar.com irraan nu qunnamuu dandeessu. Ravinder Roopra, Ofiisara Ittisa Daataa keenya qunnamuus dandeessu, karaa teessoo DataProtection@Kantar.com. Ofiiseroonni ittisa daataa

seeronni ittisa daataa fi qajeelfamoonni imaammata mateenyaa kabajamuu hordofuu fi dhimmoota odeeffannoo dhuunfaa qindeessuu irratti abbaa taayitaa to'annoof teessoo qunnamtii keenyaati.

**Komiiwwan fi Ibsawwan biyyaan walqabatan:**

Yoo akkaataa ittifayyadama odeeffannoo dhuunfaa keessanitti hin gammadiin, sirreessuuf carraa barbaadna. Maaloo info@kantar.com irratti nu qunnamuu fi namni akka isin argatu ni taasifna. Haata'u malee, mirga komii abbaa taayitaa to'annoo kan akka To'ataa Odeeffannootti dhiyeessuu qabdu, kan bal'inaan marsarii https://www.justice.gov.za/inforeg/contact.html irratti argamu.

Nuti garee kubbaaniyaa Kantar dha. Maqaa fi teessoon keenya galmaa'e Kantar South Africa (Pty) Limited, 4 Roggebaai Place, Foreshore, Cape Town 8001